

Irreechi Hiree Nagaafi Araaraati!

Kabajamaa Ummata Oromoo,

Kabajamtoota Ummattoota Itoophiyaa,

Duraan dursee бага bacaqii baatanii gara booqaa birratti ceetan, бага ittiin isin gahe jechuun barbaada.

Argachuufi dhabuu, quufaafi beela, milkiifi hanqina, guutuufi hir'ina, dabarsine hunda keessatti kan nu waliin ture Uumaa keenya Waaqayyoon galateeffachuu aadefanneerra. Irreechi ayyaana galateeffannaa ummata Oromooti. Kanaafuu, hunda dura Uumaan rakkoo uumamaafi nam-tolchee nu dandamachiisee, gufuu xiqqaafi guddaa irra nu aansee, ifa birraa nu agarsiise haa ulfaatu, haagalatoomu!

Ummanni Oromoofi Itoophiyaanonni hundi бага geessan; Бага waliin ittiin nugahe!

Gaaffiiwwan 'Namni Uumaaf nagayaa?; Uumamaaf nagayaa?, Namni waliif nagayaa?' jedhaman Irreechaaf Malkaa bu'uun dura gaafatamuun kan baratameedha. Kan waldhabe, afaan walitti darbe, walitti mufate osoo irreeffannaaf Malkaatti hin qajeelin dura waliif araaramuu qaba. Uumaa galateeffachuun dura Uumaafi uumama waliin araaramuutu duudhaafi safuu baratameedha. Weedduun galata Uumaa, "Mareehoo.....Mareehoo" jechaa jiidha harkatti qabatanii, miidhagina jamaatiin Malakaatti gadi qajeelan sun mallattoo tokummaa, hiree nagaa ayyaana Irreecha Birraa Oromooti.

Kanaafis, namni Irreecha beeku gadoo lagatee, Nagaa lallaba. Jaalalaafi tokkummaa, waltumsaafi obbolummaan qajeeltoo isaati. Kenna kabajamaa Uumaarraa argateef beekantii kenna. Waloomaafi waliin jireenya uumamaa dinqifachaa Uumaaf galata galcha. Harka qalleessa of harkaa dhabe ni hirpha, ni deggera; Kan daare daara baasa; mijuu waliin qooddatee gammachuu hira. Hireen

nagaa Irreecha keessa jiru, hiika daangaa ofii keessatti nagaan taahuufi jiraachuun olitti waliif birmachuu of keessaa qabuudha. Irra deebiin бага аyyaana Irreechaa bara 2016 geessan, бага gammaddan jechuun fedha.

Irreechi hiree haqaafi walqixxummaa, dirree jaalalaafi tokkummaati. Irreechi gaaddisa Gadaa jamaa guddaa walitti qabu, obbolummaafi waliin jireenya lallabuufi michummaa ummattoota obbolaa olqabu taheera. Duudhaa mandhalee keenyaan walitti qabannee, harka walqabannee, gufuuwwan nu danqan buqqisuun har'aafi egeree keenya miidhagaa godhachuuf jabinaan hojjechuu qabna.

Gadaan kun kan quufaafi gabbinaa, kan nagaa fi araaraa, kan hojjennee itti milkoofnu, kan oomishnee dachaa dhibbaan itti hammaarrannu akka nuuf tahun hawwa. Bara milkiin mataa ol itti qabannu, bara gadoofi gadadoo injifannee guddummaafi beekumsa ummata keenyaa addunyaatti mul'isnu nuuf haatahu.

Sirna guddaa akka аyyaana Irreechaa kana akka meeshaa tokkummaa keenya cimsuutti qabannee, kiyyoo fagoofi dhiyoo imala badhaadhinaa keenyarratti aggaamame hunda ciruudhaan kaayyoofi mul'ata qabanne milkeessuun bara imala seenaa qabeessa itti milkeessinu nuuf haata'u.

Gadaan Quufaafi Gabbina!!!

Barri Kan Milkiifi Injifannoo Nuuf Haata'u!!!

Itoophiyaan tattaffii ijolleesheetiin sodaatamteefi kabajamtee bara baraan haa jiraattu!!

Uumaan Itoophiyaafi uummatashee haa eebbisu!

Fulbaana 25/2016